


# DAABBOO QUSADHU



Timaaman Amerikaanotni waggaatti

## DAABBOO MILIYOONA 3

bitatu.



# %25

Kosiitti gatama

(kunis daabboo miliyoona 750 ta'a!)

## FIIXEE DAABBOO HINGATIN!




Fiixee daabboo bargarii, chiizii waadame, yookin jaarii kuukis akka laaffatuuf keessa kaa'uu ni dandeessa.

## AKKAMITTI DAABBOO TURSUUN DANDA'AMA



### Daabboo ho'aa qopha'e:


Napkinii yookin peepertawoliitin marii baagii waraqaa keessa kaa'ii. Xarapheezaa yookin saanduqa daabboof qophaa'e keessa guyyaa 2 hang 3 tursi.



### Daabboo osoo hinmurmuramin:

Baagii plaastika keessa xarapheezaa yookin saanduqa daabboof qophaa'e keessa guyyaa 5 hang 7 tursi.

Daabboon yoo firijii keessa gale dafee minyaan isaa jijjiirama. Daabboo yoo daftee yeroon hinnyaattu ta'ee, cabbeessitee yoo plaastika itti martee keesse hanga ji'a ja'atti tursuu ni dandeessa!



## DAABBOO OSOO HINBADIN ITTI FAYYADAMI



### Irraa Deebiisanii Ho'isuu

Daabboo ture akka ho'aatti itti fayyadamuuf mayikrowevii keessa sekondii 10 yookin tosterii keessa ho'a gadi-bu'aa tin ho'isuu.



### Kuduraan Osoo Hinbadin Tursuu

Cabaa daabboo kuduraa waliin kaa'uun jiidha isaa waan xuuxuuf akk turu taasisa. Guyyaa guyyaatti yookin guyyaa lamatti jijjiiri.



### Saree Kee Ittin Soori

Soorata xiqqoo sareef qopheessi! Daabboo caccabaa kubbayyaa 1/2 daakuu qamadii kubbayyaa 2, bishaan harka 2/3 fi zaayita maankaa 6 waliin walitti maki. Qodaa ittiin kuukii bilcheessa irra kaa'ii ho'a digirii 350 irratti daqiiqaa 35-40 bilcheessi. Sareen kee nyaata isa kamiin akka jaallattu bari.



### Cabbeessi

Ho'aa isaa tursi yookin immoo isa qabbanaa'e cabbeessi. Hanga barbaaddu qofaatti fayyadami.



### Shoorbaa Furdaa

Muraa daabboo qabbanaa'e shoorbaa ittin furdisuuf itti dabali.



### Murmuraa Daabboo Tolchi

Daabboo qabbanaa'aa xixiqqeessii kukkutii zaayita, qimamii fi baala urgeessu waliin walmaki. Waan diriraa irratti tamsaasii ovenii keessa hanga bifti isaa booruu fakkaatutti tursi. Qodaa qilleensa hingalchine keessa kaa'ii friijii keessa hanga turban afur tursuu ni dandeessa.



### Burkuta'aa Daabboo Tolchi

Caccabaa daabboo ovenii keessatti ho'a xiqqoo tin gogsii daaki. Sa'atii tokkoof bilcheessi. Erga qabbanaa'ee booda qodaa qilleensa hingalchine keessa hanga baatii 6 tti tursuu ni dandeessa.